# سُورَةُ الهُمَزَةِ
# Suuraa Humaza`aa

قبل كل شئ هذه هي سورة الهمزة

*Dura dursoo suuran tun { suuratulhumazah } je'amti.

وهى سورة مكية

*Isiin suura makkaati .

وآياتها تسع

*Aayaanni isi'ii sagali .

وعددها مائة وأربع

*Lakkooysi isi'ii dhibbaafii afuri {104}.

نزلت بعد سورة القيامة

*Isiin eega suuraa {qiyaama'aatii} buute.

بِسْمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحْمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

*Jalqabni dubbi'ii maqaa Rabbii rahgmata qabuutii.

وَيْلٌ

*Azaaba yookaa laga azaabatiitu jira.

لِّكُلِّ هُمَزَةٍ لُّمَزَةٍ ﴿١﴾

**1}***Nama nama hamatu cufaaf .

ٱلَّذِى جَمَعَ مَالًا وَعَدَّدَهُۥ ﴿٢﴾

**2}***inni nama hamatu sun isa horii Wali ,isa horii walitti qabee .Lakkaawwatu. horii kanaanin, waan natti gale ,hunda jalaa bayaa maalin sodadha , eenyuttin haajama je`ee ,waa hundaafuu horii lakkaawee, ol kaaya.

يَحْسَبُ أَنَّ مَالَهُۥٓ أَخْلَدَهُۥ ﴿٣﴾

**3}***Namichi sun,waa wallaaluu keessa waan hin duune if seye,waan horiin isaa sun akka zalaalamii hin duune, isa godhu seya.

كَلَّا

*Akkas hin siyin horiin inni walitti qabe du`arraa is hin oolchuu, azaaba Rabbii jalaa, guyyaa qiyaama'aa isan baasuu,

لَيُنۢبَذَنَّ فِى ٱلْحُطَمَةِ ﴿٤﴾

4}*Siifan khakhadhaa : namichi sun guy yaa boruu ibidda{alhguxamaa} {huxamaa} je'amutti darbamu'uu jiraata kan waan itti darban caccabsu {huxamaa}jechuun;ta caccaphsitu jechu'.

وَمَآ أَدْرَىٰكَ مَا ٱلْحُطَمَةُ ﴿٥﴾

**5}***Waan huxamaan taate maaltu si beysise, silaa odoo beytee ajaa'iba gootaa , haatayuu nuutu si beysisaa {huxamaan}.

نَارُ ٱللَّهِ ٱلْمُوقَدَةُ ﴿٦﴾

**6}***Ibidda Rabbii, kan belbelu.

ٱلَّتِي تَطَّلِعُ عَلَى ٱلْأَفْـِٔدَةِ ﴿٧﴾

**7}***Tan qalbii namaa gubbaa dhaabba ttee laaltee,agartee gubdu,kan laalan, hoggaa isi-in qalbii nama gabdu argan ,laalaa bakka biraa nama gubdurra, akkaan jabduudhaa.

إِنَّهَا

*Ibiddi sun,

عَلَيْهِم مُّؤْصَدَةٌ ﴿٨﴾

**8}***Warra isii seenetti dachaafamtee marsi-tee itti hidhamti,kan irraa bayuu hin dan-deenye, kan ifaan ittin seenne.

فِي عَمَدٍ مُّمَدَّدَةٍۭ ﴿٩﴾

**9}***Utubaa ,ibiddaa dheera`atti , shan shal-ataan hidhamanii ,fannifamanii gubatan wa-nni Rabbiin akkatti azaaba nama nama hamatuu jabeessef,haala nama ham-atu`uutu, akkaan hama`a jecha`aafii wannummaan {hama} je`ameefuu ham-meenya isaatifi, tanaaf Rabbiin aayata biraa keessatti nama hamatuu akka waan foon nama hamatan sanii ,isaa du`aadhaa,nyaatu`utti fakkeesse dhugaa yoo laalle, wanni jiruu wajji jireenyaa balleysu,wal hamatu'u ,duuba hamti akkuma jiruu addunya'aa nama nama hamatu duraa balleessitu, ta aakhira`allee duraa balleessiti, tanaaf jecha hamarraa akkaan fagaadhaa ,yoo arraba tokkoon nama hamatuu jalqabdan,arraba meeqaatamtu isin hamataa beekaa hama jech-uun: waan inni hin feenen isa duuba isa dubbatu', odoo warra isaa dubbatuu taatelle`ee, takkaa mana isaa takkaa horii isaa taatelle`ee, wanni inni jibbu waan inni qabu tayuu waan inni hin qabne tayuu, inumaa yoo waan inni hin qabneen isa hamatan hamaafii kijiba je'ama.